A WORKSHEET PREPARED TO HELP THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES AND THOSE WHO RE-TAKE THE PROFESSIONAL COMPETENCY ASSURANCE TEST IN SUPPLEMENTING THE ANNUAL WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-19

Biiroo Barnoota Oromiyaa

unicef

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Biiroo Barnootaa Oromiyaa
Eebila 2012

Gaaffiilee Shaakallii Barnootaa Lammummaafi Amala Gaarii Barsiisota Sagantaa Dippilomaan KBB irraa bara 2012 Eebbifamanuu fi kanneen Qormaata Madaallii Ga'umsaa Ogummaa Irra deebiin fudhataniif kan qophaa'e .

BBO; Bara 2012

I. Gaaffiilee qabiyyee Barnoota Lammummaafi Amala Gaarii armaan gadiif deebii sirrii ta'e filachuun iddoo deebiif kenname irratti deebii barreessi.

1. Dimokiraasii ilaalchiisee kan sirri ta'e kami?
   A. Bifa bulchiinsaa waliigaltee uummataa bilisa ta'een gaggeeffamuudha
   B. Sirna bulchiinsaa aangoon ol'aanaa kan uummataa ta'e dha
   C. . Bulchiinsaa hoggantoonni fedhii uummataaf itti gaafatamummaa fudhatanidha.
   D. Hunduu deebii dha
2. Kanneen armaan gadii keessa pirinsipilii dimokiraasii **kan hin taane** kami?
   A. Ol'aantummaa seeraa
   B. Sirna paartii tokkoo
   C. . Hirmaannaa Uummataa
   D. . Hordooffii fi Sirreeffama
3. Mirga dimokiraasii mirga namummaa irraa maaltuu adda godha?
   A. Mirgi dimokiraasii kan hin mulqamnee dha
   B. Mirgi dimokiraasii mootummaan kan kennamuu miti
   C. Mirgi dimokiraasii nama lammii ta'eef kan kennamuu dha
   D. Mirgi dimokiraasii kan hin jijjiramnee dha
4. Biyya tokko keessatti bulchiinsi gaariin akka jiraatu maaltu barbaachisaa?
   A. . Seektera dinagdee dhuunfaa
   B. . Bulchiinsa
   C. Hawaasaa Siivilii
   D. Hunduu deebii dha
5. Biyya tokko keessatti bulchiinsi gaariin jira kan jechisiisuu:
   A. Gaaffii ummataaf deebii kennuun yoo jiraate,

B. Ittigaafatamummaan yoo jiraate,

C. Hirmaachisummaan yoo jiraate

D. Hunduu deebii dha

6. Kanneen armaan gadii keessaa mirga siyaasaa kan ta'e kami?

A. Tajaajila fayyaa, barnootaa fi bilbila argachuu

B. Mirga odeeffannoo gahaa ta'e argachuu

C. Mirga qabeenyaa horachuu

D. Hunduu deebii dha

7. Waldanda'uun baay'inummaa(heddduminaa) yoo jiraate:

A. Sirna dimokiraasii ni cimsa

B. Nageenyi akka jiraatu ni gargaara

C. Ijaarsa hawaasa Siivilii ni ariifachiisa

D. Hunduu deebii dha

8. Biyya tokko keessatti bulchiinsi gaariin yoo jiraate olaantummaan seera bifa kamin ibsama?

A. Seerri loogii malee hojirra oola

B. Mirgi namummaa ni kabajama

C. Manni murtii malaanmaltummaa irraa walaba ta'e jiraata

D. Hunduu deebii dha

9. Ol'aantummaan seeraa yoo mirkanaa'ee bu'aan gama hawaasummaatiin argamuu danda'u kami?

A. Lammiilee jiddutti jaalalaa fi walkabajuutu jiraata

B. Aadaa hojii cimaa ijaaruun ni danda'ama

C. Seerri dhugaa irratti hundaa'e hojirra oola

D. Baajanni guddaan misoomaaf ooluu danda'a

10. Biyya kamiyyuu keessatti madda seeraa fi qajeelchaa seerotaa kan ta'e kami?

A. Seera addunyaaleessaa

B. Hawaasa

C. Heera

D. Seera biyyooleesaa

11. .Seerri biyya tokkoo dimokiraatawaadha kan jedhamu:

A. Haqummaa yoo qabaate

B. Hoordofuuf salphaa yoo ta’e

C. Kaayyoo ifa ta’e yoo qabaate

D. Hunduu deebii dha

12. Sirna dimokiraatawaa ta’e keessatti heerri maaliif barbaachisa?

A. Fedhii mootummaa guutuuf

B. Dirqama lammiilee qofa ibsuuf

C. Aangoo mootummaa daangeessuuf

D. Hunduu deebii dha

13. .Malaanmaltummaan karaa siyaasaatiin miidhaa akkamii fiduu danda’a?

A. Hojiirraa oolmaa dimokiraasii fi ol’aantummaa seera qancarsa

B. Babaldhachuu hoji dhabdummaa fi hiyyummaa fida

C. Miirri waliin hojjachuu hawaasaa ni laafa

D. Qisaasa’a qabeenyaa, qaala’uu gatii nyaataa fi meeshaa fida.

14. Itoophiyaan maaliif malaanmaltummaa irratti duultee?

A. Hiyyummaa balleessuuf

B. Biyya birootti akka hin babal’anneef

C. Ol’aantummaa seera mirkanneesuuf

D. Hunduu deebii dha

15. .Walqixxummaa jechuun:

A. Haala qabatamaa ta’een mirga (faayida) walfakkaatu qabaachuu

B. Haala qabatamaa ta’een eegumsa seera walfakkatu qabaachuu

C. Haala qabatamaa ta’een dirqama walfakkaatu qabachuu

D. Hunduu deebii dha.

16. Walqixxummaan maaliif barbaachisaa?

E. Hawaasaa fi mootummaa jiddutti hariiroo gaarii uumuuf

A. Tajaajili hawaasummaa akka guddatuu waan godhuuf

B. Bulchiinsaa gaarii ijaaruuf

C. Hunduu deebii dha

17. Walqixxummaa koornayaan barnnoota irratti jiru kan hin mul’isne kami?

A. Carraa barnootaa walqixa qabaachuu

B. Itti faayadama bu’aa barnootaa walqixa gonfachuu

C. Carraa adeemsa barachuu keessatti hirmaannaa adda addaa qabaachuu

D. Hundi deebii dha

18. Akka Heera MFDR Itoophiyaatti mirgi hiree ofii ofiin murteessuu Saboota, Sab-lammootaa fi Uummattootaa ilaachisee kan armaan gadii keessaa tokko mirga kenname miti.

A. Mirga dhimma saboota ollaa irratti murtii kennuu

B. Mirga afaan ofii dubbachuu fi guddisuu

C. Mirga seenaa ofii eeguu fi aadaa ofi guddisuu

D. Mirga ofiin of bulchuu

19. Kanneen armaan gadii keessaa kaayyoo waldaa dubartootaa kan ta'e kami?

A. Siyaasa keessatti olaantummaa dhiiraa, olaantummaa dubartootaan bakka buusuuf

B. Fedhii hooggantoota gama dinagdeefi siyaasaatiin jiru guutuuf

C. Walqixxummaa koornayaa gama hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaatiin fiduuf

D. Hunduu deebii dha.

20. Akka heera MFDR Itoophiyaati walqixxummaa amanti ilaalchisee kan **sirri** ta'e kami?

A. Namni kamiyyuu amantii barbaade hordoofuuf mirga qaba

B. Amantii isaa dhuunfaan ykn namoota biroo wajjiin waqeefachuuf mirga qaba

C. Namni kamiyyuu amantii isaa barsiisuuf mirga qaba

D. Hunduu deebii dha.

21. Haqummaa ilaalchisee kan sirri **hin** taane kami?

A. Namoota haala walfakkaatuun keessummeessuu.

B. Namoota fedhii adda addaa qaban haala walfakkaatuun keessummeessuu

C. Mirgaa fi dirqama jiru walqixa qooddachuu.

D. Deebii hin qabu

22. .Akaakuu haqummaa keessaa yeroo baay'ee mana murtii keessatti hojiirra kan ooluu kami?

A. Haqummaa Seera

B. Haqummaa faayidaa fi gahee waliif qooduu

C. Haqummaa Sirreessaa

D. Hunduu deebiidha

23. Akka Heera MFDR Itoophiyaatti namni yakkaan shakkame tokko yoo to'annoo seeraa jala oolu mirga armaan gadii keessaa kam qaba?

A. Maaliif akka barbaadamee afaan beekuun itti himamuu qaba

B. Yakka shakkameef dirqamaan akka amanuu hin taasifamu.

C. Namni yakkaan shakkame tokko mirga callisuu ni qaba

D. Hunduu deebiidha.

24. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu amala gaarummaa lammii tokkoo agarsiisa?

A. Namaaf kabaja qaabaachuu

B. Namoota rakkoo qabaniif gargaarsa taasisuu

C. Naannoo ofii kunuunsuu

D. Hundi deebiidha

25. Haqummaa faayidaa fi gahee waliif qooduu "distributive justice" ilaalchisee kan ***sirri hin*** taane kami?

A. Lammiin hundi tajaajila hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa bifa walmadaaluun argachuu qabu

B. Lammiin hundi ittigaafatamummaa bifa walqixa ta'een qooddachuu qabu

C. Lammiileen fedhii fi muuxannoo adda addaa qaban bifa walfakkaatuun keessummeeffamuu qabu

D. Lammiilee sadarkaa fi dandeettii walfakkaatu qaban carraa walfakkaatu argachuu qabu

26. Bilisummaan mana murtii maaliif barbaachisaa?

A. Seera yakkaa mootummaa naannoolee qopheessuuf

B. Dhiibbaa tokko malee murtii haqaa kennuuf

C. Yeroo barbadan irratti murtii kennuuf

D. Haala itti fayyadama aangoo qaamoolee biroo to'achuuf

27. Sirna dimokiraasii keessatti haqummaa mirkanneessuun gahee eenyuuti?

A. Mootummaa

B. Lammiilee hundaa

C. Mana murtii

D. Hunduu deebii dha

28. Kanneen armaan gadii keessaa gahee mana murtii kan ta'e kami?

A. Prinsiploota dimokiraasii kunuunsuu

B. Seera hiiku

C. Heera eeguu

D. Hunduu deebii dha

29. Akka hiika ammayyaatti jaalala biyyaa ilaalchisee kan sirri ***hin*** taane kami?

A. Sirna dimokiraasii dagaagsuuf hojjachuu(qabsaa'uu)

B. Laggeen, bosonaa fi qabeenyaa uumamaa leellisuu fi faarsuu

C. Seeraaf bitamuu (abboomuu)

D. Deebii hin qabu

30. Muldhistoota jaalala biyya kan ta'e kami?

A. Dirqama heeraa guutuu

B. Dammaqinaan hirmaachuu

C. Nageenyaa biyyaa eeguu

D. Hunduu deebii dha

31. Namni biyya isaa jaallatu:

A. Qabeenyaa biyyaa dhuunfaan fayyadamuun of guddisa

B. Mirga namoota biroo kabajuu

C. Birmadummaa biyya biroo hin kabajuu

D. Hunduu deebii dha

32. Kanneen armaan gadii keessa hundee jaalala biyyaa kan ta'e kami?

A. Walqixxummaa

B. Waldanda'uu

C. Amanamummaa

D. Hunduu deebiidha

33. Kanneen armaan gadii keessaa tokko jaalala biyyaa kan ibsu miti.

A. Oomisha biyya alaa fayyadamuun biyya ofii guddisuu

B. Oomisha biyyaatti namoonni biroo akka itti fayyadaman jajjabeessuu

C. Oomisha fi oomishtummaa biyyaa guddisuuf cimani hojjachuu

D. Tajaajila biyya ofitti fayyadamuu

34. Namni tokko jaalala biyyaa eessa irraa argachuu danda'a?

A. Maatii

B. Hawaasa

C. Mana barnootaa

D. Hunduu deebii dha

35. Jaalala biyyaa nama dhuunfaan ibsamu kan ***hin taane*** kami?

A. Fedhii ofii caalaa biyyaaf dursa kennuu
B. Fedhii hawaasaa caalaa fedhii ofiif dursa kennuu
C. Kabaja biyyaa fi hawaasa biyyaatiif kennuu
D. Deebii hin qabu

36. .Kanneen armaan gadii keessaa madda goolii uumtummaa kan ta'e kami?

A. Humnaa ol of-jaallachuu
B. Dhiphummaa
C. Of-jibbuu
D. Hunduu deebiidha

37. Ittigaafatamummaa jechuun:

A. Miira gaafatamummaa
B. Ajaja hojiirra oolchuu
C. Dirqama bahuu
D. Hunduu deebiidha

38. .Kanneen armaan gadii keessaa madda ittigaafatamummaa kan ta'e kami?

A. Waadaa
B. Seera
C. Lammummaa
D. Hunduu deebiidha

39. Ittigaafatamummaa dhuunfaa kan ***hin taane*** kami?

A. Yeroo barbaadaman hogganuuf qophaawuu
B. Maatii ofii deeggeruu, guddisuu, barsiisuu
C. Fedhii fi mirga namoota biroof yaadu
D. Gocha raawwatameef itti gaafatamummaa fudhachuuf qophaawuu

40. Itti gaafatamummaa bahuu irraa bu'aan argamu danda'u:

A. Of-danda'u
B. Of-kabaju
C. Fudhatama argachuu
D. Hunduu deebiidha

41. Itti gaafatamummaa nama tokko kan madaalamuu danda'u:

A. Hariiroo hawaasa keessatti qabu irraa ka'uudhaan
B. Sadarkaa hawaasummaa qabu irra ka'uudhaan
C. Sadarkaa barnoota isaa irra ka'uudhaan
D. Hunduu deeb dha.

42. Yeroo balaan adda addaa biyyaa fi uummata mudatu lammiileen itti gaafatamummaa kam bahuu qabu?
A. Itti gaafatamummaa lammummaa
B. Itti gaafatamummaa namummaa
C. Itti gaafatamummaa siyaasaa
D. Hunduu deebiidha.

43. Itti gaafatamummaa lammiilee kan ***hin ta'ane*** kami?
A. Heeraa fi seera kabajuu fi kabachiisuu
B. Qabeenya uumamaa karaa qaama birootiin akka eegamu gochuu
C. Tumaataalee fi duudhaa heeraaf amanamoo ta'uu
D. Yeroo balaan (rakkinni) adda addaa biyya mudatu deebii kennuu

44. Hojii jechuun:
A. Gocha bu'aa qabeessa waan faayidaa qabu uumuu danda'uudha
B. Gocha dhalli namaa jireenyaa isaa fooyyeeffachuuf tattaffii taasisuudha
C. Gocha dhalli namaa dinagdee uumuuf carraaqqii taasisuu dha
D. Hunduu deebii dha

45. Kanneen armaan gadii keessaa duudhaa hojii tarkaanfachiisoo ***kan hin taane*** kami?
A. Hojii kamiifuu kabajaa kennuu dhabuu
B. Nama hojjatuuf kabaja kennuu
C. Hirkatummaa jibbuu
D. Deebii hin qabu

46. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa hojii kan ta'e kami?
A. Meeshaa guddina biyyaati.
B. Ofitti amanamummaa jajjabeessa
C. Fedhi jireenyaa dhala namaa guuta
D. Hunduu deebiidha

47. Qulqullina hojiirratti dhiibbaa kan fiduu danda'u kami?

A. Haala diinagdee
B. Haala siyaasaa
C. Haala aadaa
D. Hunduu deebiidha

48. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirrii walitti firoome?
A. Fifinnee – Bulchiinsa Naannoo
B. Oromiyaa – Bulchiinsa Magaalaa
C. Dirredawaa – Bulchiinsa Magaalaa
D. Itoophiyaa – Mootummaa tokkummaawaa

49. Kanneen armaan gadii keessaa Imaammata Alaa Itoophiyaatiif bu'uura kan ta'e kami?
A. Biyyoota biroo waliin karaa nagaatiin waliin jiraachuu
B. Birmadummaa waliinii fi nageenya biyyoota birootiif faallaa ta'uu
C. Dhiimma qaamolee biroo keessa galuu
D. Fedhii biyyoota birootiif dhimma dhabuu

50. Murtoon dhiibbaa kamiiyyuu kan qaama seera tumuu fi seera raawwachiisu irraa walaba ta'e mana murtiitiin ni kennama. Kan armaan gadii keessaa kamtu hima armaan olii guduunfaa?
A. Aangoo olaanaan qaama seera hiiktuu harka jira
B. Seerri aangoo mana murtii daangessu hin jiru
C. Mana murtiitii olitti aangoon biraa hin jiru
D. Gochaalee bulchiinsaa irratti seerri aangoo olaanaa qaba

51. Heerri seera bu'uuraa biyyaa kan seerotaa fi qajeelfamoota hundaa ol ta'e yoo ta'u, heeraan buluun yaada maal jedhu waliin walqabataa?
A. Heera barreeffame
B. Olaantummaa bulchiinsaa mirkaneessuu
C. Olaantummaa seeraatiif dhaabbachuu
D. Fedhii garee muraasaa eeguu

52. Namni tokko dhaabbata keessatti loogii namootaan irra gaheen hiriyyaan dhihoo jijjiirraadhaaf haala mijeesseef haa jennu. Akaakuun malaammaltummaa nama kanaan raawwatame:
A. Aangootti seeraan ala fayyadamuu
B. Looguu

C. Dogoggorsuu

D. Kiraasassaabdummaa

53. Heerri MFDRI tokkoon tokkoon saboota,sablammoota fi ummattoota biyyattiitiif mirga afaan ofiitiin dubbachuu,barreessuu fi afaanii fi aadaa ofii dagaagfachuu kenneera. Akaakuun mirgoota akkasii:

A. Mirgoota afaaniiti

B. Mirgoota siyaasaati

C. Mirgoota dinagdeeti

D. Mirgoota amantiiti

54. Kanneen armaan gadii keessaa manni barumsaa barattoota qaama miidhamtoota ta'an gargaaruuf maal irratti xiyyeeffata?

A. Adda qooduu

B. Gargaarsa kennuu

C. Kabajaa fi beekkamtii walqixaa

D. Walqixa keessummeessuu dhiisuu

55. Yeroo namni tokko amantii isaa/ ishee nama biraa irratti fe'uuf yaalu/tu haalli ni uumama jedhamee eegamu:

A. Waliin jireenyaa fi jaalala

B. Garagar bahiinsa mootummaa fi amantii

C. Walitti bu'iinsa garee amantii

D. Walqixxummaa amantii

56. Kanneen armaan gadii keessaa kan irra caalaa lammiileen walqixa tajaajila hawaasummaa fi hirmaannaa taasisuu qabu jedhu kami?

A. Walqixxummaa koornayaa

B. Walqixxummaa siyaasaa

C. Walqixxummaa amantii

D. Walqixxummaa hawaasummaa

57. Kabajni aadaa saboota,sab-lammootaa fi ummattoota Itoophiyaa tumaataaleekam ibsa?

A. Tokkummaa garaagarummaa keessatti

B. Walcaalmaa aadaa

C. Loogii sabummaa

D. Walitti bu'iinsa hammeessuu

58. Kanneen armaan gadii keessaa uummatni aangoo seeraan alaatiin akka hin miidhamneef kan dhoowwu:

A. Siivil koodii
B. Seera Yakkaa
C. Imaammata
D. Labsii

59. Dhaabbilee hedduun Itoophiyaa keessatti gochaalee hooggantootaa kan haqummaa hin qabne heddu qeequ.Yaadni hima armaan olii kana ibsu kami?

A. Seera dhabeessummaa
B. Butii
C. Jeequmsa
D. Bulchiinsa gaariin dhabamuu

60. Kanneen armaan gadii keessaa barbaachisummaa gibiraa irratti barattoonni daree keessatti hubannoo gahaa akka argatan jajjabeessuuf kan oolu kami?

A. Gibiraa fi bu'aa inni guddinaaf qabu
B. Ba'aa gibirri abbootii qabeenyaa irra buusuu
C. Gibira akka hin kaffalle dhoorkuu
D. Gibiraa fi dhiibbaa negatiivaa misooma irratti qabu

61. Barsiisaan Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii barattoonni akka hubannoo dhimma haqummaa fi sirna haqaa akkasumas haqa eeguu keessatti gahee lammummaa bahuu qaban maal akka ta'e gargaaruu qaba.Kanneen armaan gadii keessaa barsiisaan BLAG kan irratti xiyyeeffachuu qabu kami?

A. Hirmaannaa sirna haqaa keessatti gahee barattootaa madaaluu
B. Ilaalcha barattootaa gama haqummaan jiru jijjiiruu keessatti bu'a qabeessummaa barannoo jiru madaaluu
C. Gahee lammiilee gama sirna haqaa eeguu keessatti qaban barattoonni akka sakatta'an naannoo isaanii irratti ramaduu
D. Hundi deebiidha

62. Barsiisaan BLAG kutaa 6ffaa barattoonni adeemsa muudama abbootii seeraa Itoophiyaa akka agarsiisan ajaje haa jennu. Kanneen armaan gadii keessaa muudama abbootii seeraaf kan ulaagaa ta'u kami?
    A. Muuxannoo siyaasaa
    B. Ogummaa seeraa
    C. Sabummaa
    D. Dinagdee
63. Namni dhuunfaa kan sodaa tokkummaa biyya isaa irratti jiru hubachuun yaada furmaata ta'uu danda'u kaa'u:
    A. Sabboonaa
    B. Lammii jaalala biyyaa qabu
    C. Gootummaa
    D. Of jaalachuu
64. Yeroo tokko tokko ogeeyyiin icciitii maamila isaanii cabsuuf dirqamuu danda'u. Dirqamni akkanaa:
    A. Dirqama safuu maamilaa eeguu
    B. Dirqama seeraa maamilaa eeguu
    C. Dirqama ogummaa maamila waliin walqabate
    D. Dirqama dorgommii maamilaa fi ummata waliin walqabate
65. . "Hojiin foonii fi dhiiga dhala namaati." Sababni barbaachisaan hojjechuu yaadni kun agarsiisu:
    A. Gammachuu
    B. Gahumsa qaamaa
    C. Ittiin jiraachuuf
    D. Aadaa
66. Kanneen armaan gadii keessaa kan tooftaa of danda'uu ta'e kami?
    A. Aadaa
    B. Gargaarsa
    C. Qisaasuu
    D. Hojii uumuu

67. Obbo Tolasaan nama sibiila tumuudhaan of jiraachisuudha. Ijoollee lama kan mana barumsaatti ergu qaba. Haa ta'u malee, ijoolleen isaa tuffatamuu irraa kan ka'e barnoota isaanii irratti rakkoon isaan qunnameera.Baay'ee dallanuun mana barnootaa deemuu didaa jiru. Maddi rakkoo kanaa maali?
    A. Loogii sabummaa
    B. Ilaalcha duubatti hafaa hojii sibiila tumuu irratti jiru
    C. Hanqina gahumsaa
    D. Rakkoo naamusaa
68. Kanneen armaan gadii keessaa mirga walqixxummaa hojii fi kaffaltii dubartootaa kan ibsu kami?
    A. Mirga qabeenyaa
    B. Mirga haqummaa argachuu
    C. Mirga hojii
    D. Mirga filannoo
69. Namni tokko of danda'aa ta'uu fi hirkattummaa irraa bilisa ta'uuf fedhii olaanaa qaba haa jennu. Yaadni hima armaan olii kana faallessu kami?
    A. Bu'aan rakkoo tokkoo guutummatti dhiibbaa alaati jedhanii amanuu
    B. Dandeettii galma lafa kaa'uu,karoorsuu fi gochaalee kallattii qabsiisuu qabaachuu
    C. Dhugummaa waan tokkoo eeguu
    D. Namni tokko tattaaffii fi dandeettii dhuunfaa qabaachuu amanuu
70. Hawwiin nama dandeettii hawaasummaa fi barattuu gahumsa qabdu akka taatetti of ilaalti. Ilaalcha ishee kana dagaagfachuu keessatti barsiisaa fi hiriyoonni ishee gahee qabu. Amala of danda'ummaa isheen dagaagfatte adda baasi.
    A. Ofiin of qajeelchuu
    B. Ofitti amanuu
    C. Of beekuu
    D. Of hubannoo
71. Qabxiin Ati barnoota herregaa irratti galmeessite sadarkaa eegdee gadi waan ta'eef barnoota kana haala gaarii ta'een qo'achuuf karoorfatte haa jennu. Haala kanaan miira akkamii dagaagfattee?

A. Ofitti boonuu
B. Ofiin of qajeelchuu
C. Of hubachuu
D. Ofitti amanuu

72. Walfakkaachuu,ejjannoo dhabuu, dhibaa'ummaa fi miirawaan amala namummaa akkamii agarsiisu?
A. Of danda'uu
B. Hirkattummaa
C. Hirkattummaa irraa bilisa
D. Misooma

73. Kanneen armaan gadii keessaa dhiibbaan biyyoota gara aadaa ofiin ofdanda'ummaatti geessu kami?
A. Rakkoowwan jiran furuuf humnoota alaatti amanuu
B. Gargaarsatti amanuu fi pirojektiin guddinaa dhabamuu
C. Aadaa gargaarsa irraa gara guddina walitti fufaa ta'etti ce'uu dagaagfachuu
D. Hoggansa gahumsa hin qabnee fi arjooma qindoomina hin qabne

74. Qabeenya qabnu keessaa fedhii gara fuula duraatiif jechuun hamma ta'e kaa'uun maal jedhama?
A. Investimantii
B. Galii
C. Bajata
D. Qusannaa

75. Obbo Mootiin intala isaa heerumsiifachuuf baasii guddaa ta'e baase. Cidha booda kasaaraa keessa galee jira. Maddi kasaaraa isaa inni guddaan maal ta'uu danda'aa?
A. Seera amantaa
B. Qisaasina
C. Hanqina karoora maatii
D. Galii fi itti fayyadamni walmadaaluu dhiisuu

76. . Kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhaabbata aadaa Afoosha ilaalchisee sirriidha?
A. Dhaabbata bu'a qabeessa ta'edha.
B. Dhaabbata aadawaakan walitti bu'iinsa furuuf fayyaduudha.

C. Dhaabbata bu'aa irratti hin xiyyeeffanne kan yeroo rakkootiif gargaarudha

D. Dhaabbata faayinaansii ammayyaati.

77. Kanneen armaan gadii keessaa hariiroo sababaa fi bu'aa hiyyummaa ilaalchisee kan dhugaa ta'e kami?

A. Galii guddaa ➡ qusannaa xiqqaa ➡ investimantii xiqqaa ➡ oomishtummaa dabala

B. Galii xiqqaa ➡ qusannaa guddaa ➡ investimantii guddaa ➡ oomishtummaa hir'isa

C. Galii guddaa ➡ qusannaa guddaa ➡ investimantii guddaa ➡ oomishtummaa dabala

D. Galii xiqqaa ➡ qusannaa xiqqaa ➡ investimantii xiqqaa ➡ oomishtummaa hir'isa

78. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu gartuu hawaasaa miti?

A. Walirratti hirkachuu

B. Naannoo walfakkaataa ta'erra kan qubatan

C. Fedhii waliinii qooddachuu

D. Qofummaa

79. Hirmaannaawwan armaan gadii keessaa kan sadarkaa mana barumsaatti mul'atu kami?

A. Walgahiiwwan siyaasaa irratti hirmaachuu

B. Sirna barnootaa bocuu fi fooyyessuu

C. Of beeksisuu fi filachuu

D. Dhimma hawaasaa beekuu

80. Rakkoon filannoon bilisaa fi haqa qabeessa ta'e akka hin gaggeeffamne taasisu kan uumamuu danda'u:

A. Kan hunda hammate ta'uu isaati

B. Baay'inummaa

C. Falmiin siyaasaa banaa ta'e dhibuu

D. Filannoo dursa darbaa

81. . Kanneen armaan gadii keessaa kamtu beekumsa ibsa?

A. Rakkoo jiru furuu

B. Saaxilamummaa hiyyummaa dabaluu

C. Babaldhina kalaqaa hir'isuu

D. Sadarkaa jireenyaa fooyyessuu keessatti gahee hin qabu.

82. Kanneen armaan gadii keessaa yaada odeeffannoo waliin hariiroo kan qabu kami?

A. Dhugaa dheedhii kan hin qaacceffamnedha
B. Madda beekumsaati
C. Daataa hiikni itti hin kennamneefi guutummaatti hiika hin qabnedha.
D. Odeeffannoon hariiroo hawaasaa keessatti gahee xiqqaa qaba.

83. . Itoophiyaan baha Afrikaatti argamti. Kun kan ibsu:

A. Beekumsa
B. Dhugaa
C. Odeeffannoo
D. Hayyummaa

84. Filannoowwan armaan gadii keessaa isa kamtu adda?

A. Mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu
B. Mirga mormuu yookiin deeggaruu
C. Mirga filannoo keessatti hirmaachuu
D. Mirga seeraan ala himatamuu dhiisuu

85. Heera dimookirasii keessatti aangoo siyaasaa olaanaa kan qabu ummata.Kun kan agarsiisu qajeelfama;

A. .Birmadummaa ummataa
B. Walqixxummaa ummataa
C. Dhabamuu mirga garee xiqqaa
D. Hirmaannaa ummataa

86. Itoophiyaa keessatti ijaarsa nageenyaa fi walitti dhufeenya nageenya irratti hundaa`e fiduuf, wantoonni armaan gadii hundi guutamuu qabu. Garuu tokko miti:

A. Qabeenya bifa sirrii ta'een qoqqooddachuu
B. Garaagarummaa dhabamsiisuu
C. Mootummaan dhimmootasasalphaa jireenya dhuunfaa keessa seenuu dhiisuu
D. Garee xiqqaa deeggaruu

87. Heerri bu'uuraa fi seera olaanaa biyya tokkooti. Himni kun kan ibsu?

A. Namni kamiyyuu seera jalatti buluu fi seera kabajuu hin barbaachisu.
B. Seeraa fi gochi heera biyyaatiin walitti bu'u fudhatama hinqabu
C. Heerri seera dhaabbataadha

D. Heeraa fi seerri of danda'ee addatti kan dhaabbatedha

88. .Kanneen armaan gadii keessaa tokko pirinsipilii bu'uura Heera MFDRI jalatti hin hammatamu?

A. Olaantummaa seeraa
B. Birmadummaa ummataa
C. Addaan bahinsa mootummaa fi amantii
D. Ittigaafatamummaa fi Iftoomina

89. Dhabamuun olaantummaa seeraa biyya keessatti rakkoo inni fidu.

A. Dhabamuu walqixxumma
B. Dhabamuu haqummaa
C. Bulchiinsa garee guddaa
D. 'C' malee hunduu deebiidha

90. Haala qabatamaa Itoophiyaatiin barbaachisummaan qoodaminsa aangoo mootummaa federaalaa fi naannolee maali?

A. Sirna dimookirasii guddisuu fi bulchiinsa gaarii dagaagsuuf
B. Garaagarummaa keessummeessuu fi walqixxummaa fiduuf
C. Mirga ofiin ofbulchuu naannolee waan kabachiisuuf.
D. Hundi deebiidha.

91. Akkuma beekamu yeroo ammaa, biyya keenya Itoophiyaa keessatti malaamaltummaan rakkoo hammataadha. Akka yaada keetitti sababa rakkoo kanaa kan ta'e maal ta'uu danda'a?

A. Hiyyummaa
B. Angoo seeraan ala fayyadamuu
C. Dhabamuu ittigaafatamummaafi iftoominaa
D. Hunduu deebiidha

92. Akka heera MFDRItti keeyyata kamtu lammileen mirga walqixxummaa seera duratti qaban agarsiisa?

A. Keeyy 25
B. B.Keeyy 35
C. Keeyy 50
D. Keeyy 39

93. Kanneen armaan gadii keessaa tokko walqixxummaan sabootaa, sablammootaafi ummaattoota Itoophiyaa akka dagaagu kan deeggaru miti?

A. Ofiin of bulchuu
B. Guddina dinagdee sirriifi walmadaalaa ta`e
C. Bu'uuraalee misoomaa bifa walmadaaluun kennuu
D. Deebii hin qabu

94. .Barbachisummaan deeggarsa addaa dubartootaaf taasifamu akka Heera MFDRItti?

A. Walqixxummaa koornayaa dhiiraa fi dhala jidduu jiruu idileessuuf
B. Hirmaannaa dubartootaa murteessuuf
C. Kaka'uumsa hirmaannaa dhiiraa dagaagsuuf
D. Hirmaannaa dubartootaa warroota dhiiraa caalaa dagaagsuuf

95. Ati akka barsiisaa barnoota lammummaa fi amala gaariitti, garaagarummaa barattoota gidduu jiruu haala kamiin keessummeessita?

A. Barattoota hundaa haala walfakkatuun keessummeessuu
B. Akkaataa fedhii isaanii fi haala keenna barnootaa
C. Barattoota ciccimoo ta'aniif xiyyeeffannoo addaa kennuudhaan
D. Garaagarummaa dhabamsiisuun

96. Himoota armaan gadii keessa kamtu hawaasa keessatti jirachuu haqummaa ibsa?

A. Nama dhuunfaa eenyummaa isaa irratti hunda'uun gargaaruu
B. Nama dhuunfaa haala qabatamaa seeraa irratti hunda'uun gargaaruu
C. Nama dhuunfaa haala ajaja nama dhuunfaa fi aangoo inni qabuun deeggaruu
D. Lammiilee yeroo hundaa bifa wal fakkatuun deeggaruu

97. Dhimma walitti bu'iinsa tokkoo, karaa aadaa hawaasni walitti bu'iinsa furatuun kan hin furamne yoo ta'e , murteen hojiirra ooluu qabu isa kami?

A. Humna fayyadamuu
B. Dhimmicha garaa mana murtiitti fiduu
C. Dhimmicha gonkumaa dhiisuu
D. Partilee irratti dhiibbaa gochuun dhimmicha akka adda baasanii ilaalan tasiisuu

98. Dirqamni lammilee biyya tokko irraa eegamuu fi dirqamni lammilee biyya alaa ta'an irraa hin eegamne kami?

A. Ashuuraa (Gibira) kaffaluu

B. Tajaajila ittisa biyyaa kennuu
C. Yeroo rakkoon namoota dhaqabe gargaaruu
D. A fi B deebiidha

99. Waranni beekkamaa fi ummanni Itoophiyaa kutannoon ***wereera biyya alaa*** ofirraa ittisuuf taasiise maal jedhama?
A. Waraana Itoophiyaa fi Ertiriyaa
B. Waraana Ahimad Giraany
C. Waranaa Adawaa
D. Qabsoo Saboonni, sablammoonni fi ummatoonni Itoophiyaa walqixxumaaf tasiisan

100. Qaamman aangoo mootummaa keessaa isa kamtu irra caalaatti ittigaafatamummaa eegumsa seeraa fi haqummaan hojiirra akka oolu tasisa?
A. Qaama seera hiiktuu
B. Qaama seera tumtuu
C. Muummicha Minsteeraa
D. Pirezidaantii

101. Ittigaafatamummaa barattoonni mana barumsaa keessatti hojiirra oolchuu qaban kan ibsu kami?
A. Biqiloota dhaabuu fi bishaan obaasuu
B. Qulqullina mooraa mana barumsaa eeguu keessatti hirmaachuu
C. Sirna alaabaa irratti argamuu
D. Hunduu deebiidha

102. Kaneen armaan gadii keessa tokko dirqamaa qabeenya Itoophiyaatiif eegumsa gochuu hin qabu.
A. Mootummaa
B. Uummata
C. Dargaggoota
D. Lammii biyya alaa

103. Hambaalee seenaa armaan gadii keessaa tokko “UNESCO”dhaan kan galma’ee miti?
A. Gamoo Faasil
B. Bataskaana Laalliibalaa

C. Siidaa Aksum

D. Hidha Abbayaa

104. Duudhaa aadaa eeguu fi hambalee seenaa kunuunsuu irratti gochi lammilee irra hin eegamne isa kami?

A. Duudhaalee aadaa fi hamabaalee seenaa naannoo keenyaa qofatti argamuuf kunuunsa gochuu

B. Yeroo gaaffatamne qofa deeggarsa gochuu

C. Ofii keenyaaf qofa itti bashannaanuu

D. Hunduu deebiidha

105. Akka barsiisaatti waaa'ee dhukkuba HIV/AIDS'n walqabate barattoota kee maal gorsita?

A. Fuudhaafi heeruma dura walqunnamtii saalaa rawwachuu dhiisuu

B. Tokkoof tokko ta'uu

C. Kondoomitti seeraan akka fayyadaman gorsuu

D. Hunduu deebiidha.

106. Nama hojii uumuu fi hojilee adda adda keessatti milka'aa ta'e irraa kan hin eeggamne maali?

A. Hubannaa fi hojiif kabaja kennuu

B. Kaka'umsaa fi haamilee qabaachuu

C. Dhimmoota hunda irratti namoota biroo deeggarsa gaafachuu

D. Yeroodhaaf bakka guddaa kennuu

107. Akka qabatama haala Itoophiyaatti barsiifatni aadaa hojii cimaa miidhu isa kami?

A. Hojii tuffachuu

B. Yerootti seraan fayyadamuu

C. Hirkattummaa

D. "B" malee hunduu deebiidha

108. Akka Heera MFDRIti isa kamtu mirga hojjettootaa of keessatti hin hammanne?

A. Gurmaa'uu

B. Oomishaa fi qabeenyaatti fayyadamuu

C. Bakkaa fi hojii filachuu

D. Ashuuraa (Qaraxaa) kaffaluurra bilisa ta'uu

109. Kamtu amala ogummaa hojii walee(gamtaa) jalatti hin hammatamne?

A. Yeroo kabajuu
B. Qabeenya seeraan itti fayyadamuu
C. Beekumsa ofii fooyyeffachuu
D. Waldeeggaruu fi hiriyyoota kabajuu

110. Akka barsiisaa barnoota lammummaa fi amala gaariitti wanti sirraa **hin** eeggamne maalidha?

A. Humnatti fayyadamuun barattoota irratti ilaalcha kee fe'uu
B. Yeroo naamusa gadhee ta'e argitu call'isuu (Cal jettee dabruu)
C. Gochootaa fi murtee bulchiinsa mana barumsaa mormuu
D. Hunduu deebii ta'a

111. Yaada of danda'uu kan ibsu hima kami?

A. Qabeenya qabnuun danddeetti fedha ofii guuttachuu
B. Namoonni biroo fedha keenya nuuf guutan jennee abdachuu
C. Namoota biroo dhiisuun jireenya mataa ofii qofa jiraachuu
D. Guutuummaan guutuutti namoota biroo irraa addatti of danda'uu

112. Namni tokko ofdanda'eera kan jechisiisu yoo maaal ta'e/taateedha?

A. Yaaduu fi hojii mataa isaa/isheef qofa yoo hojjete/tte
B. Ani namoota biroo irraa fooyya'aadha jedhee/tte yaaduu yoo danda'e/dandeesse
C. Hirkattummaa irraa bilisa yoo ta'e/taateedha
D. Ilaalcha gadi aantummaa yoo qabaate/tteedha

113. Kanneen armaan gadii keessa isa kamtu barattoota ofitti amanamummaa qabanii ibsa?

A. Barattoota biroo caalaa cimaa/ tuu akka ta'etti/ taatetti of ilaaluu
B. Deeggarsa gochuu dhiisuu fi yaada namoota biroo wajjiin wal jijjiruu dhiisuu
C. Kophaatti qo'achuu fi gochoota hunda kophaa ofiin raawaachuu
D. Daree barnootaa keessatti ciminaan hirmaachuu

114. Himoota armaan gadii keessaa miidhaa hirkattummaa kan ibsu isa kami?

A. Sarbamuu mirgaa
B. Abdii namoota biroo irra kawaachuun ni guddadha jedhanii yaaduu
C. Gadi aantummaan namatti dhaga'amuu
D. Hunduu deebiidha

115. Filannoowwaan armaan gadii keessaa tokko koontirobaandii (daldalli seeraan alaa) hin ibsu?

A. Guddina dinagdee ariifachisaa fida
B. Galii biyyattiin argachuu qabdu hir'isa
C. .Garaagarummaa babal'isa
D. Malaamaltummaaf karaa bana

116. Misoomni kan mirkana'u;

A. Hojjettoota hojii uumanii fi kaka'uumsa qaban yoo horanne
B. Hojii koontiroobaandii (daldala seeraan alaa) yoo babal'ifne
C. Lammilee etiksii qabanii fi ofitti amanamummaa qaban yoo horanne
D. A fi C deebiidha.

117. Akka aadaatti jechi "yeroon warqii dha" (time is gold) jedhu kan agarsiisu;

A. Yeroon garee hawaasaa murasa qofa ofkeessatti hammata
B. Yeroo qabnu seeraan yoo itti fayyadamne guddachuu ni dandeenya
C. Yeroon namoota hundaaf walqixa kan kennamee miti
D. Namoonni hunduu yerootti haala walqixa ta'een fayyadamuu ni danda'u

118. Kaneen armaan gadii keessa tokko seeraan yoo itti hin faayyadamnee deebisnee bakka busuu hin dandeenyu?

A. Qarshii
B. Humna
C. .Qabeenya
D. Yeroo

119. Qusannaan maliif barbaachisa jettee yaadda ?

A. Qarshii baay`ee walitti kuufachuun sooreessa ta'uuf
B. Suuta suutaan fedhii ofduraa qabnu guuttachuuf
C. Kufaatii hin tilmaamamne keessa galuuf
D. "A" malee hunduu deebiidha

120. Akka qabatama Itoophiyaatti, aadaa qusannaa qabnu kan miidhe;

A. Galii nama dhuunfaa
B. Hubannaan qusannaaf qabnu gadi aanaa ta'uu
C. Dhaabbileen qusannaa lakkoofsaan xiqqaa ta'uu

D. Dhaabbilee qusaannaa irraa amantaa dhabuu

121. Kanneen armaan gadii keessaa tokko dhaabbata qusannaa miti.

A. Dhaabbata Inshuraansii

B. Afoosha

C. Iqqubii(Wiijoo)

D. Deebii hin qabu

122. Dhaabbilee qusannaa tajaajila qusannaa fi liqii intarpirayizii xixiqqaa fi qonnaan bultootaaf kennu;

A. Baankii dhuunfaa

B. Baankii daldala Itoophiyaa

C. Dhaabbilee qusannaa fi liqii

D. Iqqubii(wiijoo)

123. Aadaa qusannaa dagaagsuun kan danda'amu;

A. Hubannoo barbaachisummaa qusannoo kennuun

B. Baay'ina maatii qabeenya qabnu irratti hunda'uun murteessuu

C. Fedhii qabnu galii argannu waliin wal simsiisuu

D. Hunduu deebiidha

124. Himoota armaan gadii keessa kamtu danddeettii namoota birootiin jiraachuu agarsiisa?

A. Fedhii qabnu qabeenya qabnuun walmadalchisuu

B. Fedii ofii qarshiin guuttachuu

C. Waa'ee boruu yaaduu dhiisuu

D. Fedhii ofii guuttachuuf namoota biroo irratti hirkachuu

125. Filannoowwan armaaan gadii keessaa hirmaanna cimaan hawaasaa kan mul`achuu danda`u eessatti?

A. Hawaasa amala walfakkaatu qabuun

B. Hawaasa amala adda addaa qabuun fi waliigaltee hinqabneen

C. Hawaasa walitti bu`insaan guutameen

D. B fi C deebiidha

126. Barbaachisummaan hirmaannaa cimaa hawaasaa maliin ibsama?

A. Dhimma siyaasaa

B. Dhimmaa hawaasummaa

C. Hirmaannaa qaama fedhii qaban

D. Hunduu deebiidha

127. Hirmaannaan cimaa hawaasaa sadarkaa kamitti barbaachisa?

A. Mana barumsaatti

B. Sadaarkaa gandaatti

C. Sadarkaa mootummatti

D. Hunduu deebiidha

128. Hawaasni siivikii;

A. Qaama mootummaati

B. Garee fedha qabaniini/namoota dhuunfaan kan gurmaaa'e.

C. Qaamolee bu'aa barbaadaniin kan gurmaa`eedha

D. Waldaalee amantaa

129. Filaannoowwan armaan gadii keessaa isa kamtu hawaasa siivikii jalatti hin ramadamne?

A. Komishinii farra malaamaltummaa

B. Waldaa barsiisootaa

C. Garee mirga dhala namaa ilaalu

D. Deebii hinqabu

130. Gochoota armaan gadii keessaa tokko hawaasni siivikii qooda keessatti kan hin fudhanneedha?

A. Fedhii fi mirga miseensootaa eeguu

B. Dhaabbilee tajaajila fayyaa kennan deeggaruu

C. Mirga lammilee eeguu

D. Aangoo siyaasaa qabachuu

131. Beekumsi;

A. Wantoota argan, dhagahan,baratanii fi dubbisan irraa hubachuu

B. Dandeettii qaban gochatti hiikuu

C. Barumsa muuxannoon argamu caalaa barachuun kan argatan

D. Hunduu deebiidha

132. . Beekumsa fedhuun kan agarsiisu;

A. Beekumsa argachuuf galma'uu

B. Wantoota hubachuu

C. Beekumsa guddisuu

D. Daataa funaanuu

133. Beekumsi kan argamu karaa kamiini?

A. Barachuun

B. Dubbisuun

C. Daawwachuun

D. Hunduu deebiidha.

134. Barattoonni barnoota yeroo dheeraaf yaadachuu kan danda`an;

A. Arguudhaan

B. Dhag`uudhaan

C. Dubbisuudhaan

D. Gochaan/hojjechuun

135. Boontuun intarneetii keessa barbaaduun diyaagraamii abbaltii isheef kenname keessa galchite. Garuu, madda ragichaa hin ibsine. Amanamummaa dhabuun akkasii maal jedhama?

A. Hojii nama biraa akka kan ofiitti fayyadamuu (Hanna)

B. Amala badaa barnootaa

C. Soba

D. Hojii nama biraa waraabuu

136. Dhabamuun olaantummaa seeraa biyya keessatti rakkoo inni fidu:

A. Dhabamuu walqixxumma

B. Dhabamuu haqummaa

C. Bulchiinsa garee guddaa

D. 'C' malee hunduu deebiidha

137. Dhabamuu ofitti amanamummaaf sababa kan ta'uu danda'u kami?

A. Miidiya

B. Hiriyyaa

C. Maatii

D. Hunduu deebii dha

138. Namni amala of danda'uu qabu nama hirkkattummaa qabuu irraa adda kan taasisuu kami?

A. Ofitti amanuu

B. Of hogganuu

C. Of hubachuu

D. Hunduu deebii dha

139. Dhiibbaa miidiyaan ofitti amanamummaa irratti fiduu danda'uu qolachuuf kan nama hin gargaarree kami?

A. Of beekuu

B. Hundaa fudhachuu

C. Ofitti boonuu

D. Deebii hinqabu

140. Hirkattummaan sadarkaa kamirratti mul'achuu danda'aa?

A. Nama dhuunfaa

B. Addunyaalessa

C. Biyyoolessa

D. Hunduu deebii dha

141. Kanneen armaan gadii keessaa tokko dhaabbata qusannaa ammayyaa miti.

A. Uqqubii

B. Baankii

C. Dhaabbata faayinaansii xixiqqaa

D. Inshuraansii

142. Qusannaan dubartoota gurmaa'anii bu'aa akkamii fiduu danda'a?

A. Akka hojii adda addaa irratti hirmaatan gargaara.

B. Aadaa ofitti amantummaa guddifatu

C. Amala qusannoo wali guddifachuu danda'u

D. Hunduu deebii dha

143. Kannen armaan gadii keessaa tokko humnaa ol dabaluu lakkoofsa uummataaf sababa miti.

A. Tajaajilli fayya bababalachuu dhabu

B. Karoora maatitti fayyadamuu dhabuu

C. Guddina dinagdee

D. Barnoota dhabuu

144. Humnaa ol dabaluun lakkoofsa uummata biyya irratti rakkoo akkami fiduu danda'a?

A. Hojii dhabdummaa

B. Hanqina nyaata madaalawaa

C. Carraa barnootaa dhabuu

D. Hunduu deebii dha

145. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa hirmaannaa hawaasaa kan ta'e kami?

A. Hawaasni akka jijjiramni dhufu taasisa

B. Namni dhuunfaan jijiramni akkamin akka dhufu barata

C. Lammiileen fedhii nama dhuunfaa fi hawaasaa ni beeku

D. Hunduu deebii dha

146. Hirmaannaa siyaasaa ilaalchisee kan sirri **hin** ta'ane kami?

A. Hirmaannaan siyaasaa sirna hunda keessatti adeemsaa walfakkaatu qaba.

B. Aangoo uummanni dhimma mootummaa keessatti qooda qabu dha.

C. Beekumsaa bu'uurraa, ogummaa yaaduu fi amala siivikaawa ta'e barbaada.

D. Hunduu deebii dha.

147. Kanneen armaan gadii keessaa bu'aa hawaasa siivikii kan ta'e kami?

A. Bulchiinsi ilaalchaa fi yaada kallatti adda addaa akka hubatu taasisa.

B. Sabboonummaa, ulfinaa fi miira abba biyyummaa lammiilee jajjabeessa.

C. Mootummaan waa'ee yaada lammiilee odeeffannoo guutuu akka argatu taasisa.

D. Hunduu deebii dha

148. Naannoon keenya eegamuu kan danda'uu:

A. Yoo hawaasni fedhii isaatiin hirmaate

B. Gumii kunuusa naannoo hedduu hundeesuun

C. Mootummaan kunuunsa naannoo irratti seera cimaa baasuun

D. Maallaqa hedduu kunuunsa naannoof yoo ramadame.

149. Kanneen armaan gadii keessa madda beekumsaa kan ta'e kami?

A. Barnnoota idilee

B. Barnnota al-idilee

C. Qorannoo fi qo'qnnoo

D. Hunduu deebii dha.

150. Kanneen armaan gadii keessaa madda odeeffannoo kan hin taane kami?

A. Daawwannaa

B. Miidiyaa elektirooniksii

C. Miidiyaa maxxansaa

D. Deebii hin qabu

151. .Faayidaa quunnamtii afaanii kan hin taane kami?

A. Addunyaawaadha ykn bakka hundatti faayidaa kennuu danda'a.

B. Haala saffisaa ta'een yaada waljijjiiruu nama dandeessisa.

C. Namoonni waan isaaniif hingallee gaafatanii ibsa argachuu danda'uu

D. Walquunnamtee fuulaaf fuulaan waan ta'eef raawwiin isaa hubatamuu danda'a

152. Kanneen armaan gadii keessaa gufuu quunnamtii kan jedhamu kami?

A. Tilmaama ifa hin taane

B. Jechoota hiika baay'ee qaban

C. Sirritti dhaggeeffachuu dhabuu

D. Hunduu deebii dha

153. .Ragaalee xiinxaluun faayidaalee akkami qaba?

A. Rakkoolee addaan baafachuun yaada furmaataa eeruuf

B. Gaaffii qorannoof deebii qabatamaa ta'e kennuuf

C. Arggannoowwan tartiibessuun akka hojiirra oolaniif

D. Hunduu deebii dha.

154. Barsiisaan Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kan kutaa 6ffaa haala barattoonni daree hundi bakka bu'aa daree isaanii itti filatan haala mijeesse haa jennu. Akaakuun dimokiraasii barattoonni shaakalan:

A. Dimokiraasii kallattii

B. Dimokiraasii bakka bu'iinsaa

C. Dimokiraasii al-kallattii

D. Aangoo bakka buusuu

155. Seerri jiraachuun hojiirra ooluun

A. mootummaan dimokiraatawaa jiraachuu

B. Aangoon mootummaa murtawaa ta'uu

C. Aangoon mootummaa gadidhiisii ta'uu

D. A fiB deebii ta'u

156. Kanneen armaan gadii keessaa mirga uumamaa kan ***hintaane*** isa kami?

A. Mirga lubbuun jiraachuu
B. Mirga qabeenyaa horachuu
C. Mirga gurmaa'uu
D. Mirga walqixxummaa

157. Akka Heera Itoophiyaa yeroo ammaatti, walqixummaan diinagdee irra caalaatti maal agarsiisa?

A. Lammileen qabeenya walqixa qabaachuu
B. Lammileen kaappitaala walqixa qabaachuu
C. Lammileen carraa qabeenya horachuu argachuu
D. Lammileen kaffaltii walqixa ta'e argachuu

158. Mana murtii armaan gadii keessaa isa kamtu murtii isa xumuraa kennuu danda'a?

A. Mana murtii Olaanaa Federaalaa
B. Mana murtii Olaanaa sadarkaa naannoo
C. Mana murtii Fedaraala sadarkaa tokkoffaa
D. Mana murtii waliigala Federaalaa

159. Sirna diimookiraasii ilaalchisee soba kan ta'e isa kami?

A. Sirna bulchiinsaa baayinummaan keessatti kabajamudha.
B. Sirna bulchiinsaa yaadawwan garaagaaraa keessummeessudha.
C. Sirna bulchiinsaa fedhii abbootii aangoo galmaan ga'uuf xiyyeeffatudha.
D. Sirna bulchiinsaa abbootiin aangoo itti-gaafatamummaa fudhatanidha.

160. . Hirmaannaa hawaasaa keessatti gochi bu'uura seeraa ***hintaane*** isa kami?

A. Hattoota saaxilanii seeratti dhiheessuu
B. Shakkamtoota irratti miidhaa qaamaa geessisuu
C. Gochawwan diigoo ta`anitti qabsaa`uu
D. Gochawwan miidhaa geessisan dhabamsiisuu irratti qabsaa`uu

161. "Qaama miidhamummaan of danda`uu nama hindhorku" jechamni jedhu maal agarsiisa?

A. Qaama miidhamtoonni hundi hirkattoota ta'u yaada jedhu
B. Qaama miidhamummaan hojii nama hindhorku yaada jedhu
C. Qaama miidhamtoonni gargaarsa qofaan jiraachuu qabu yaada jedhu
D. Qaama miidhamtootaaf deeggarsi addaa taasifamuu hinqabu yaada jedhu

162. Waa`ee “beekumsaa fi dandeettii” ilaalchisee kan yaada dogoggoraa ta’e qabu isa kami?

A. Namni kamiyyuu hanqina mataa isaa ni qabaata.

B. Namni tokko abbaa beekumsa hundaa ta`uu ni danda`a.

C. Namni kamiyyuu dandeettii fi beekumsa mataa isaa qaba.

D. Beekumsii fi dandeettiin muuxannoon gabbataa adeema

163. Yaada rimee Giloobaalaayizeshiinii dogoggoraa kan of keessaa qabu isa kami?

A. Hawaasa addunyaa karaa hawaasummaa walitti hidhuu

B. Hawaasa addunyaa karaa dinagdee walitti hidhuu

C. Hawaasa addunyaa karaa siyaasaa walitti hidhuu

D. Hawaasaa Addunyaa gama hundaan tokko taasisuu

164. Kanneen armaan gadii keessaa Itoophiyaa keessatti “heerri Bulchiinsa Dargii bara 1987“ isa kami hojiirra oolche?

A. Sirna Sooshaalizimmii hundeessuu

B. Sirna paartii hedduu hundeessuu

C. Sirna Gabaa bilisaa hundeessuu

D. Sirna aangoon dhaalaan darbu hundeessuu

165. Ciminaa fi maqaa gaarii Itoophiyaan sirnoota darban keessatti sadarkaa addunyaatti ittiin beekamaa turte isa kami?

A. Bulchiinsa gaarii mirkaneessuu danda’uu isheetiin

B. Lammiilee of-danda’an horachuu danda’uu isheetiin

C. Birmadummaa biyyaa eeggachuu danda’uu isheetiin

D. Misooma amansiisaa mirkaneessuu danda’uu isheetiin

166. Haqummaan biyya tokko keessa jiraachuun karaa kamiin ibsamuu danda’a?

A. Qaamni aangoo qabu olaantummaa isaa yoo mirkaneesse

B. Mirgoonni garee xiqqaa qofti xiyyeeffannoo yoo argate

C. Bu’aa fi faayidaan abbootii taayitaa kan uummataa yoo caale

D. Lammiiwwan walqixxummaan tajaajilaa fi eegumsa yoo argatan

167. Ijoon kaayyoon Imaammata alaa yeroo ammaa Itoophiyaan hordoftu isa kami?

A. Birmadummaa fi fedhii biyyolessaatiif dursa kennuu

B. Fedhii fi faayidaa biyyoota ollaatiif dursa kennuu

C. Dhimma biyya biroo keessa seenuuf dursa kennuu

D. Yeroo hundaa gargaarsa argachuuf of-qopheessuu`

168. Seenaa hawaasummaa uummattoota Itoophiyaa keessatti sirna Mootota fi sirna Dargii kan *wal-hinfakkeessine* isa kami?

A. Sirnoota lamaanuu keessatti walqixxummaan hawaasaa kabajamuu dhabuu
B. Sirnoota lamaanuu keessatti amantiin mootummaatti kan hidhame ta'uu
C. Sirnoota lamaanuu keessatti Afaan sabootaa walqixa xiyyeeffannoo dhabuu
D. Sirnoota lamaanuu keessatti mirgoonni bu'uuraa lammiilee kabajamuu dhabuu

169. Akka Heera Itoopiyaa bara 1995tti waa'ee Muummicha Ministeeraa ilaalchisee kan dogoggora ta'e isa kami?

A. Dura bu'aa mana maree ministeerotaati
B. Dura bu'aa mootummaa Itoophiyaati
C. Miseensa paartii kamiiyyuu miti
D. Ajajaa humna waraanaa Itoophiyaati

170. Kanneen armaan gadii keessaa etiksii ogummaa tokko bu'a qabeessa taasisuu kan hindandeenye isa kami?

A. Seera etiksichaa dhoksaadhaan yoo jiraate
B. Ogeessonni hubannoo akka qabaatan yoo taasifame
C. Wantoonni rakkoo uuman adda baasuun yoo danda'ame
D. Lammiileef odeeffannoo sirrii dabarsuun yoo jiraate

171. Akka yaada hiddama ammayyummaatti, biyyoonni misoomaan boodatti hafan akka "Itoophiyaa" gara misoomaatti dhufuuf daandii biyyoota misoomanii qofa hordofuu qabu kan jedhu akka haala qabatamaa Itoophiyaatti hanqina maali qaba?

A. Miira hirkattummaa lammiilee jajjabeessa
B. Lammiileen miira of-danda'uu akka horatan taasisa
C. Muuxannoo hojii biyyi tokko uummachuu qabu gabbisa
D. Namoonni akka waan haaraa kalaquu danda'aniif karaa bana

172. Yaada rimeen qusannaa sadarkaa nama dhuunfaatti hubatamuu qabuun kan wal hin qabanne isa kami?

A. Yeroo qaban karooraan itti gargaaramuu
B. Qabeenya qaban sirnaan itti fayyadamuu
C. Galii fi baasii mataa ofiif karoorfachuu

D. Qabeenyaa qabanitti fayyadamuu dhiisuu

173. Kanneen armaan gadii keessaa qabeenya mataa ofiif horatan qisaasesssuun maaliin wal ***hinqabatu***?

A. Wallalummaa fi hanqina hubannaa qabaachuu

B. Dandeettii ofii malee kabajaa fi ulfina barbaaduu

C. Karoora qabaachuu fi hanga humna ofiitti jiraachuu

D. Ofitti amanamummaa dhabuu fi nama biraan qajeelfamuu

174. Kanneen armaan gadii keessaa kaayyoon heera Itoophiyaa ***bara 1931*** inni ijoon isa kami?

A. Caasaa mootummaa federaalawaa diriirsuu

B. Sirna rippuubiliikii akka hojiirra oolu taasisuu

C. Mootummoonni naannolee akka ofiin of-bulchan taasisuu

D. Aangoo mootichaa dhaalaan akka darbu taasisuu

175. Kanneen armaan gadii keessaa dirqama barreessaa seenaa kan ta'e kami?

A. Ragaa waa'ee barreessu sanaa argachuu qaba

B. Dhiibbaa qaama biraa irraa bilisa ta'uu qaba

C. Ragaawwan dhimma qoratuu adda addaa walbira qabee madaluu qaba

D. Hundinuu deebiidha.

176. Caasaa bulchiinsa Itoophiyaa yeroo ammaa keessaa qaamni bulchiinsaa aangoo seera raawwachiisummaa qabu kami?

A. Mana maree ministeerotaa

B. Mana murtii Federaalawaa

C. Mana maree bakka bu`ootaa

D. Mana maree Federeeshinii

177. Olaantummaa seeraa kan hinargisiisne kami?

A. Seerri waan hunda hoogganuu

B. Hooggantoonni mootummaas seeraa ol akka hintaane argisiisa

C. Seera wallaaluun adaba jalaa nama hinbaasu

D. Lammiileen hundi seeraa ol ta`uu

178. Sirna dimokiraasii keessatti kan sagalee caalmaa argate nibulcha. Kun yaada armaan gadii keessaa irra caalaa isa kam waliin walittidhufa?

A. Olaantummaa seeraa

B. Iftoomina

C. Hooggansa garee guddaa

D. Sirna paartii hedduu

179. Yaadni jaalala biyyaa sirna dimokiraatawaa hintaane ibsu kami?

A. Amanamummaa lammiileen biyya isaaniif qaban.

B. Amanamummaa lammiileen sirna tokko eeguutiif qaban.

C. Amanamummaa lammiileen aadaa isaanii guddisuuf taasisan.

D. Deebiin hinkennamne.

180. "Goolii diimaan" ibsituu maaliiti?

A. Tarkaanfii biyya duroomsuu

B. Walqixxummaa fi bilisummaa yaada ofii ibsachuu

C. Gochoota miti- dimokiraatawaa ummata irratti raawwate.

D. Mirgoota dhuunfaa fi garee kabajuu

II. Gaaffilaa Mala Baruu-brsiisuu

181. .Kanneen armaan gadii keessaa tokko kaayyoo gooroo barnootaati?

A. Himuu

B. Beekuu

C. Ibsuu

D. Addaan baasuu

182. .Barsiisaan tokko karoora barnootaa alatti daree barnootaa yoo seene maaltu qunnamuu danda`a?

A. Sagantaa barnootaa seeraan hoogganuu hindanda`u

B. Ofitti amanamummaa dhabuu fi yaadota waldhahaniin barsiisuu

C. Karoora barnootaa qabaates qabaachuu baates garaagarummaa hinqabu.

D. Afi B deebiidha

183. Kanneen armaan gadii keessaa tokko qabiyyee kaayyoo gooroo barnootaa jalatti hinhammatamu?

A. Kaayyo gooroo gosa barnoota barsiifamuu

B. Mala baruu barsiisuu

C. Meeshaalee deeggarsa barnootaa

D. Sagantaa barannoo

184. Qaamni bulchiinsa mana barumsaa tokko daree barnootaa dabalataa ijaaruuf karoora waggaa lamaa baafatee yeroo jedhametti seeraan fayyadamee xumureera. Isa kana irraa kan hubannu?

A. Karoorich seeraan hordofameera
B. Karoorri gochoota seeraan fayyadamuu fi yeroo seeraan fayyadamuuf barbaachisaadha.
C. Karoorri yoo hinjiraanne hojii tokko galmaan gahuun rakkisaadha.
D. Hunduu deebiidha.

185. Barsiisaan tokko barattoota adda baasuun qabxii kan kennu yoo ta`ee fi barattoonni gocha isaa kan morman yoo ta`e, gochi kun murna kam jalatti ramadama?

A. Murna ilaalchaa
B. Murna qaam- sammuu
C. Murna yaad- sammuu
D. A fi B deebiidha

186. Hubannoon barattoota daree keessa jiran garaagarummaa yoo kan qabaatu ta`e maaltu barbaachisa jettee yaadda?

A. Yeroo karoora barnootaa qopheessinu garaagarummaa ilaalcha keesa galchuu.
B. Meeshaalee deeggarsa barnootaa dandeettii isaanii irratti hundaa`uun qopheessuu.
C. Mala baruu barsiisuu dandeettii fi fedhii isaanii irratti hundaa`uun fayyadamuu
D. Hunduu deebiidha

187. Malleen baruu barsiisuu armaaan gadii keessaatti barsiisaan kan gochaalee dhuunfatu kam keessatti?

A. Mala barsiisaa giddu galeeffateen
B. Mala barataa giddugaleeffateen
C. Mala aadaatiin
D. A fi C deebiidha

188. Qabiyyee kenname keessatti mata dureen barsiifamu bal'aa yoo ta'e fi ibsa bal`aa kan barbaachisu yoota`e, malleen baruu barsiisuu armaan gadii keessaa isa kamtu filatamaadha?

A. Mala barattoota giddugaleeffate.

B. Mala barsiisaa giddugaleeffate.
C. Lamaanuu bifa walfakkaatuun hojii irra oolchuu.
D. Cimina qabiyyichaa ilaalcha keessa otuuhingalchiin malleen lamaanittuu fayyadamuu.

Barsiisaan tokko daree seenee fuula barattootaa wayita ilaalu barattoonni isaa fedha kan hinqabne, namoota waliin kan walittidhufenya hinqabne, deebii kan hindeebifne, kan jeeqan fi barnootaaf dhimma kan hinqabnedha. Kanaaf murteen inni jalqabaa barsiisichi fudhachuu qabu maal ta`uu qaba?

A. Barattoonni amala akkasii maaliif akka argisiisan adda baafachuu
B. Barattoota otuu hingaafatiin tarkaaniffii fudhachuu.
C. Amala argisiisaniin walqabsiisee barattootaa fi gorsaa fi deeggarsa gochuun amala isaanii akka fooyyeffatan gochuu
D. Yoo barbachisaa ta`e namoota biroo hirmaachisuu.

189. Malleen baruu barsiisuu irratti dhiibbaa kan hinfidne isa kami?

A. Dandeettii barattootaa
B. Qabiyyee barnootaa
C. Yeroo kenname
D. Deebii hinqabu

190. Malli baruu barsiisuu tokko qoftii fi adda ta`e hinjiru. Isa kana irraa ka`uun yoo guduunfinu;

A. Malleen baruu barsiisuu barattoota giddugaleeffatee fi barsiisaa giddu galeeffateen barsiisuu qabna.
B. Malli baruu barsiisuu kan murtaa`u sababoota baay`eetiini.
C. Malli baruu barsiisuu bu`a qabeessa ta`e fedha barsiisaa irratti hundaa`ee yoo filatamedha.
D. A fi B deebiidha

191. Barsiisan Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii barattoota kutaa 6ffaa qabiyyee barnootaa wayita barsiisu malleen barsiisuu adda addaatti fayyadamee barsiise. Garuu jijjiiramni hirmaannaa barattootaa fi qabxii isaanii irratti mul`ate hinjiru.Akka hubannaa keetiitti rakkoon mala baruu barsiisuu qunname maaldha?

A. Malli baruu barsiisuu qophaa`e sadarkaa barattootaa irratti kan hundaa`e miti.

B. Yeroo barsiisaan barattootaaf ibsa taasisu rakkoon jiraachuu ni danda`a.

C. Barattoonni yeroo barsiisaan barsiisu xiyyeeffannaan hin hordofne ta`a.

D. Hunduu deebiidha

192. Yeroo meeshaa deeggarsa barnootaa daree barnootaa keessatti fayyadamnu wanti raawwachuu hinqabne maalidha?

A. Meeshaalee deeggarsa barnootaa haala barattoonni hundi arganiin fayyadamuu

B. Ibsa waa`ee meeshaa deeggarsa barnootaa erga barnoota xumurreen booda taasisuu

C. Hanga danda`ameen meeshaa deeggarsa barnootaa mata duree barsiifnu wajjin deemu fayyadamuu

D. Waa`ee meeshaa deeggarsa barnootaa fuula kee barattootatti naannessuun ibsuu.

193. Akkaataa taa`umsa tartiiba qormaata barnootaatiin isa kamtu sirriidha?

A. Dhugaa fi soba, Filannoo, Firoomsii, ibsa.

B. Filannoo, Dhugaa fi soba, Firoomsii, ibsa.

C. Filannoo, Firoomsii, Dhugaa fi soba, Ibsa.

D. Dhugaa fi Soba, Firoomsii, Filannoo, Ibsa

194. Barattuun shamarreen daree barnootaa kee keessatti argamtu barataa dhiiraa isheen waldorgomu caaltee qabxii olaanaa yoo kan galmeessitu ta`e maaltu sitti dhagahama?

A. Jajjabeessuu fi jajuun akka itti fuftu gochuu

B. Akka isheen barattoota dhiiraa irraa garagalchitetti yaaduu

C. Barattoota biroo irraa akka isheen hingalagalchine akeekkachiisuu

D. Naamusa egsisuu

195. Kanneen armaan gadii keessaa madaallii walittifufaaf kan hinbarbaachifne isa kami?

A. Barattootaaf qabxii kennuu

B. Karoora baruu barsiisuu qopheffachuu

C. Jijjiirama barattootaa hordofuu

D. Deebii hin qabu

196. Madaalliin barattootaa yoom qindaa'a?

A. Xumura barnoota waggaa irratti

B. Jalqaba barnootaa hanga dhuma bara barnootaa

C. Yeroo barsiisaan fedhetti

D. Yeroo qormaata giddugaleessaa fi xumuraa.

197. Faayidaan barattoota walitti fufinsaan madaaluu maali?

A. Qabxii barattootaa walittiqabuuf

B. Ga`umsa barattootaa madaaluuf

C. Gahumsa barattootaa adda baasuu fi tarkaanfii barbaachisaa fudhachuuf

D. Hunduu deebiidha.

198. Yeroo qabiyyee barnootaa keessatti waa`ee hirmaannaa hawaasaa barsiifnu ta`e malli baruu barsiisuu gaarii ta`ee fi barattoota kee ga`oomsuuf qabiyyicha akka yaadatan taasisu?

A. Daawwannaa dirree bakka hawaasni naannoo biqiltuu dhaabutti taasisuu.

B. Gareedhaan daree barnootaa keessatti akka mar`atan gochuu.

C. Mala falmii garee lama gidduutti gaggeessuu

D. Ibsa barsiisaan daree keessatti taasisu.

199. Qabxiilee armaan gadii keessaa tokko ulaagaa meeshaalee deeggarsa barnootaa ittiin qopheessanii miti?

A. Meeshaalee naannootti argaman irraa qopheessuu.

B. Ifa, kan safaramuu danda`uu fi murtaa`aa ta`uu

C. Umurii barattootaa fi sadarkaa kutaa barattootaa ilaalcha keessa galchuu.

D. Meeshaalee ammayyaa fi alaatii dhufutti fayyadamuu

Deebii gaaffilee Barnoota Lammuummaafi Amala Gaarii Barattoota KBB sagantaa diploomaa barataniif

lakk	Deebii	lakk	Deebii	lakk	Deebii	lakk	Deebii	lakk	Deebii	lakk	Deebii	lakk	Deebii
1	D	31	B	61	D	91	D	121	D	151	A	181	B
2	B	32	D	62	B	92	A	122	C	152	C	182	D
3	C	33	A	63	A	93	A	123	A	153	D	183	B
4	C	34	D	64	A	94	A	124	D	154	A	184	D
5	D	35	A	65	C	95	B	125	A	155	D	185	A
6	B	36	D	66	D	96	B	126	D	156	C	186	D
7	D	37	C	67	B	97	B	127	D	157	C	187	A
8	D	38	B	68	B	98	B	128	B	158	A	188	A
9	A	39	C	69	A	99	C	129	D	159	C	189	A
10	C	40	D	70	B	100	A	130	D	160	D	190	D
11	D	41	A	71	B	101	D	131	D	161	B	191	B
12	C	42	A	72	B	102	D	132	A	162	B	192	D
13	A	43	B	73	C	103	D	133	D	163	D	193	B
14	C	44	D	74	D	104	D	134	D	164	A	194	A
15	D	45	A	75	C	105	D	135	A	165	C	195	A
16	D	46	D	76	C	106	C	136	D	166	D	196	D
17	B	47	D	77	C	107	D	137	D	167	A	197	B
18	A	48	C	78	D	108	D	138	D	168	B	198	D
19	C	49	A	79	D	109	C	139	B	169	C	199	A
20	D	50	D	80	C	110	D	140	D	170	A	200	D
21	B	51	C	81	A	111	A	141	A	171	A		
22	A	52	B	82	A	112	C	142	D	172	D		
23	A	53	A	83	B	113	D	143	C	173	C		
24	D	54	C	84	D	114	D	144	D	174	D		
25	C	55	C	85	A	115	A	145	D	175	D		
26	B	56	D	86	D	116	D	146	A	176	A		
27	C	57	A	87	B	117	B	147	D	177	D		
28	B	58	A	88	D	118	D	148	A	178	D		
29	D	59	D	89	D	119	B	149	D	179	B		
30	D	60	A	90	D	120	B	150	D	180	C		